# Wal’ansa Dibata Filooraayidii fi Daa’ima keessan

## Dibatni Filooraayidii Maali?

- Uffisa eegduu qaama ilkaaniirratti dibamu.
- Wal’ansa  ilkaanii suuta bosbosa ilkaanii ittisu.

## Dibatni Filooraayidii akkamitti Ilkaan Fayyada?

- Filooraayidiin ilkaan akka cimuu fi boolla’uu kan ittisu.
- Dibatni Filooraayidii uwwisaa ilkaanii  boolla’uu fi sukkaraarra eeguuf  gorora wajjin hojjata.
- Dibatni Filooraayidii Dibatni Filooraayidii, filooraayidii ogeessaan kan bakka bu'u, qaawwa haaraa akka hin uumamne kan dhorku yoo ta'u, manca'iinsi akka hin hammaanne  kan godhu ykn dhaabuu danda'a.

## Dibata Filooraayidii Godhachuun Amansiisaa dhaa?

- Daa’imman umurii kamiifuu saffisaa, salphaa fi amansiisa dha.
- Miidhaa hin fidu.
- Waan xiqqootu fayyadama. Filooraayidiin xiqqoon illee hin liqimfamu jechuun ni danda’ama.
- Osuma daa’imni keessan burqaa biroo kan akka bishaan dhugaatii, saamunaa ilkaanii ykn foormulaa biroorraa argatanii dibatni Filooraayidii fayyadamuun amansiisaa,.

## Daa’imman Dibata Filooraayidii yoom fayyadamu?

- Daa’imman yeroo ilkaan daa’imummaa mul’achuu eegalu yeroo waggaa shan jalqabaatti dibata filooraayidii  fayyadamuu qabu. Yeroo fi irra deebii fayyadamiinsa dibata filooraayidii daa’imaaf doktara ilkaanii daa’imaa haasofsiisaa.

## Uwwisni dibata filooraayidii erga godhamee Eeguuf Waanti ta’uu qabu:

- Wal’aansa booda nyaata ykn dhugatii  hoo’insa xiqqoo qabau (gubaa kan hin taane) soorachuun ni danda’ama .
- Nyaata maxxanuu ykn citaa nyaachuun sa'aatii 24 itti aanuuf dhorkaadha.
- Ilkaan borroshuun sa’aatii 24 itti aananiif dhorkaa dha.

## Uwwisni dibata filooraayidii erga godhamee booda maaltu eegama:

- Sa'aatii 24-48 itti aananiif ilkaan keelloo fakkachuu danda'a.
- Ilkaan daa'ima keessanii ammas taanaan yeroo yeroon dhiqamuu, filoosii godhamuu fi ilaalamuu qaba.

## Maaliif Doktarri koo ykn kiliinikni fayyaadibata filooraayidii fayyadamu?

- Doktarri kee fayyaa walii gala daa'ima kee eega – afaanii fi ilkaan dabalatee!
- Daa'imman yeroo mara doktorasaanii daawwatu, keessattuu yeroo ijoollummaasaanii.
- Daa'imman yeroo hunda ogeessa ilkaan daawwachuu kan qaban yoo ta'u, doktorri isaanii rakkoo afaan isaanii ilaaluun, daawwannaa ilkaanii gidduutti ilkaan fayyaa akka qabaatu gargaaruuf wal'aansa filooraayidii ni kenna.

Kutaa qorannoo Fayyaa Daa'immanii fi Dargaggootaa Mieenesotaa
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-3650
health.childteencheckups@state.mn.us
www.health.state.mn.us

12/2023

*Unkaa kana bifa biroon argachuuf, lakk: 651-201-3650 bilbilaa.*